# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT　　　　جبهة تحرير اورومو

Guyyaa:
Date: ______________________ تاريخ

Lakk.:
No.: ______________________ رقم

**Ibsa Koree Tokkummaa Adda Bilisummaa Oromoo (ABO)**
Bitootessa 12, 2011

Waliigaltee Fulbaana 27, 2010 mallatteeffame irratti hundaa'uun Koreen Tokkummaa Adda Bilisummaa Oromoo Bitootessa 8-12, 2011 tti teessuma godhatee waltahiinsa godhame hundeen jabeessuun milkiin xumuratuu gammachuun beeksisa.

Koreen Tokkummaa ABO dirqama itti kenname tan Walgahiin Araaraa fi Tokkummaa ABO qopheessuu irratti marihatee walgahin yeroo gabaabaa keessatti akka geggeeffamuuf wannen barbaachisan xumurachuun sagantaa raawwii baafatee jira. Akkanumas walgahii seena-qabeessaa kana irratti hooggantoota, miseensota, manguddoota, hawaasaa fi waldaalee Oromootaa adda addaa irraa namooti irratti argamuun araaraa fi tokkummaan ABO hundaan hawwamu akka dhugoomu murteessee jira.

Walgahiin Araaraa fi Tokkummaa ABO akka milkaa'uuf ammarraa kaasee haala aanjessuuf sababa waldhabbii kanaan hariiroo miseensota, hawaasaa fi hooggantoota keenya giddutti boora'e wayyeessuuf wanneen hojjatamuu qabanis karoorfatee jira. Isaan keessaa garii walgahiilee gamtaan qindeeffachuu, hawaasi wal irraa fagaatee ture akka walitti dhihaatuuf mala adda addaa dhawu, namtokkeenis walitti dhufuun wal gidduutti araaraa fi hubannoota buusuun akka hojjatamu dabalata. Haga walgahiin araaraa fi tokkummaa gaggeeffamee caasaaleen dhaabaa walitti dacha'anitti qunnamtiin caasaalee gidduu bifa koree qunnamtiin (liaisson committee) jalqabama.

Waldhabbiin hawaasa kamuu keessatti yoomuu kan argamuu dha. Keenyas kanarraa adda tahuu hin danda'u. Jabinni kan argamu waldhabbii fi miidhaa mudate bakka itti godhanii, hujii ulfaataa qabsoo ummata keenya salphinaa fi gadadoo keessaa baasutti fulleffachuun gaaffii ummata Oromoo fi dirqama yeroo kan guutamuu qabudha. Waan darbe alaan aluu fi diina dhiisanii wal irratti bobba'uu irra, dhibdee nu mudate irraa barmoota barbaachisan qayyabachuun hegeree ABO fi ummata Oromoo daandii milkii irra kaa'uutu filatamaadha.

Waliigaltee kanaan kan moo'e garee kana ykn kaan osoo hin taane ummata Oromoo fi ABO dha. Waldhabbii walxaxaa fi hammeenyi guddaan irraa madde kan akka kanaa yeroo falan ulaagaan furmaatni argame ittiin madaalamuun ABO fi Oromoo moosisuu kan jedhu dha. Kan yoomuu yaadatamuu qabu, araaraa fi tokkummaan ABO gaaffii filmaata hin qabnee fi dirqama ta'uu isaa ti. Kanaaf, miseensoota fi hoogganni ABO marti, akkanumas ummata Oromoo fi deeggartootaa fi firoonni qabsichaa, ololaa fi hamii farra akeeka eebbifamaa araaraa fi tokkoomuu ABO tif gufuu ta'an mara akka dura dhaabbatan fi akka ABO humna murteessaa taasisuuf qabsoo Oromoo finiinsuuf wareegama feesisu cufa gumaachutti fuula deebiftan waamicha dabarsina.

**Injifannoo Ummata Oromoof!**
**Koree Tokkummaa ABO**
Bitootessa 12, 2011